

# DEEGGARSA KENNITOOTAAF



## Ilaalcha Addaa

Warreen nama daddabarsan ilaalcha hin jijiiramne tokkoof illee kan madaalan miti

- Warreen nama daddabarsan yeroo heddu daa'imni iyuu isaan beekti.
- Warreen nama daddabarsan yeroo heddu daa'immanii fi dargaggoota saaxilamaniif wantoota akka nyaataa, qarshii, huccuu fi iddo jireenyaa isiniif kennina jechuudhaan irratti xiyyeffatu.
- Warreen nama daddabarsan namoota dhuunfaa bakka tajaajila hawaasaa kanneen akka laabirarii, moolii yookin mana baruumsaa keessa hojjatanitti michoomuun hojji kanaaf filatu.
- Warreen nama daddabarsan namoota dhuunfaa yeroo heddu karaa miidiyaa hawaasaa fi appilikeeshinii bilbilaatiin itti dhiyaatu.
- Warreen nama daddabarsan waan hundumaa akka waan qabanii fi gaaffii hundumaaf deebii qabanii of fakkeessun hojjatu. Salphaatti nama waliin wal baru.

Waa'ee daddabarsa nama yookin saamicha dhufuu danda'uu daa'imatti himuu

- Daa'imti haala keessa jiru/tu akka daddabarsa nama yookin saamichatti hubachuu dhiisuu mala. Waa'ee waanta ta'aa jiruu waan jedhan yoo qabaatan illee, akka nama saaxilameetti of ilaaluu dhiisuu malu.
- Ijoollen/daa'imman miidhaa daddabarsa nama yookin saamicha (yookin waanta nama suukaneessu) isaan irra gahe yoo ifa baasan, ija hin taaneen hin ilaalinnaa yookin wan isaan qaanessu jedhamuunii hin qabu.
- Mallatoodhaan haasa'uun barbaachisaadha. Akka isaan hin cufnetti mallattoo afaanii ofii kee fi kan daa'ima irratti of eegganoo godhi.
- Yommuu mallatoodhaan haasoftan daa'imti haasaa yoo dhaabe yookin addaan kute, yeroo mijateefitti akka si wajjain haasa'auuf/tuuf hin dirqisiisin.
- Daa'imni sun qaama nama miidhaan saala irra gahuuf dubbatu, terapistii, yookin nama na gargaara jedhanii yaadan wajjin haasa'uudhaaf fedhii qabaachuu fi dhisuu gaafadhu.
- Daa'mini haala rakkisaa keessa yoo jiraate/tte, osoo hin eeyamsiisiin dhimmicha gidduu galuu ni dandeessa, garuu kana akka carraatti fayyadamuun adeemsicha keessatti hirmaachisuuf walitti dhufeenyaa ijaari.

Daa'ima daddabarsa namaatiin yookin saamicha humnaatiin miidhame/te gargaaruu

- Daa'imni kamiyyu ciminaa fi fedhii dhuunfaa qabu.
- Tajaajiloonni akkamii akka isaan barbaachisu yookin gargaaru daa'ima gaafadhu.
- Haalota daddabarsaa yookin saamichaa keessaa bahuun daa'imaaf adeemsa rakkisaa fi yaalii si'a heddu gochuu kan gaafatu ta'uun danda'a.
- Iccitii daa'ima eegegi. Seenaan isaanii kan isaaniti. Nageenya qooda fudhatoota hundumaatiif jecha icciitii eenyummaa daa'ima haala kamiyyuu keessatti eeguun baay'ee murteessadha.

## Gulantaa Itti aanu

- **Rakkina hamaa keessa yoo taate:** 911 tti bilbili
- **Qaama daa'ima eegu yookin seera kabachiisutti gabaasi.** Seerri Minesootaa naamota gabaasudhaaf eeyyama qaban barabaada (fkn, guddisee) sababni isaa daa'imni yookin dargaggeessa sana kan beekan yookin dhuguma dhiibbaan irra ga'uu yookin miidhamni irra gahuu kan amanan yoo ta'e yookin waggoota sadan darbanifi haala kana keessa kan ture/te ta'uu yoo amanan. Daa'ima fayidaa saal qunnamtiitiif daddabarsuun, namni kana godhe eenyu illee yoo ta'e, daa'ima balaa irraa ittisuuuf gabaafamuu qaba. Maatiin yookin deeggarsa kennitoonni gabaasudhaaf aangoo hin qaban yoo ta'e illee daa'ima keetiif gargaarsa gochuudhaaf ejansii fayummaa daa'ima naannoo keetti argamutti gabaasuu ni danda'u.
- **Waa'ee Iddoo Naanna'insa Doonii Naannoo (Safe Harbor Regional Navigator) keetii haas'aa.** Daa'imni kee balaa daddabrsa namaa yookin saamichaaf kan saaxilame/te taa'uu yoo shakkite gargaarsaf yookin wabiwan waliin wal qunnamsiisuf, Iddoo Naanna'insa Doonii Naannoo (Safe Harbor Regional Navigator) kee qunnamuu ni dandeessa. Kaartaan tajaajiloota Doonii Nagaa (Safe Harbor) qunnamtii odeeefanno fi guutummaa naannichaatti naannoo tajaajila Iddoo Naanna'insawwan Doonii Naannoo (Safe Harbor Regional Navigators) agarsiisa.
- **Nageenya daa'ima eeguuf karoora qopheessi.** Karoo nageenya baasuuf daa'ima walliin haasa'i. Gargaarsa Navigatori Naannoo, dhiheessaa Doonii Nagaa (Safe Harbor) yookin ogeeyyi daa'ima waliin hojjataniin deeggaramuun kun hojjatamuun ni danda'a. Yaadota karoora nageenyaaf ta'anii fi haala qabatamaa keessatti sadarkaa itti tarkaanfin fudhatamu argachuuf haala addaa garaa keessatti daa'aima waliin haasa'i. Dabalataanis, hiriyoota yookin dargaggoota keessaa wajjin haasa'uudhaaf eenyu amanamaa akka ta'e wajjin mariyadhu. Karoorri nageenya taatee sochoosuu akka danda'u beeki.

## Wabii

- [\(Mummee Tajaajiilawan Doonii Nagaa Nama Minesootaa\) Minnesota Department of Human Services Safe Harbor \(<https://mn.gov/dhs/partners-and-providers/program-overviews/child-protection-foster-care-adoption/safe-harbor/>\)](https://mn.gov/dhs/partners-and-providers/program-overviews/child-protection-foster-care-adoption/safe-harbor/)
- [Giddu Gala Odeeffanno Maati fi Dargaggo \(<https://parentandteen.com/>\)](https://parentandteen.com/)
- [Qajeelch Daddabarsa Namaa Maatidhaaf \(Faawundeeshinii Polly Klaas\) \(<http://www.pollyklaas.org/safe/a-parents-guide-to-human-trafficking.pdf>\)](http://www.pollyklaas.org/safe/a-parents-guide-to-human-trafficking.pdf)
- [Giddu Gala Daa'imman Badanii fi Saamamanii NetSmartz \(<https://www.missingkids.org/netsmartz/>\)](https://www.missingkids.org/netsmartz/)
- [Abdii Qoodame: Da'ima keessanii fi Teekinolojii, Qajeelcha Nageenya Maatii \(<https://sharedhope.org/wp-content/uploads/2018/11/Designed-Internet-Safety-e-book.pdf>\)](https://sharedhope.org/wp-content/uploads/2018/11/Designed-Internet-Safety-e-book.pdf)
- [Love 146: Qajeelcha Nageenya Intarneetii \(<https://love146.org/action/online-safety/internet-safety-guide/>\)](https://love146.org/action/online-safety/internet-safety-guide/)
- Weebinarii bilisaa Tajaajiilawan Namaa Mummee Mineesootaa (Minnesota Department of Human Services) fi MNAdopt dhaan dhiyaate: [Daddabarsa Namaa fi Saamicha Saal-qunnamtiin wal qabatee: Guuddisee fi Maatii Guddifaachaatiif Bu'uura \(<https://www.mnadopt.org/product/1187-webinar-human-trafficking-and-sexual-exploitation-basics-for-foster-and-adoptive-families/>\)](https://www.mnadopt.org/product/1187-webinar-human-trafficking-and-sexual-exploitation-basics-for-foster-and-adoptive-families/)
- Naannoo saaxilamtoonni jiranitti deeggarsa seeraa gochuuf, tajaajiloota seeraa bilisaa onlayinii fi sarch injinii: [LawHelpMN.org Providers and Clinics \(<https://www.lawhelpmn.org/providers-and-clinics>\)](https://www.lawhelpmn.org/providers-and-clinics)
- [Karoora Nageenya Hotline Daddabarsa Namaa Biyyooleessa \(\[www.humantraffickinghotline.org/faqs/safety-planning-information\]\(http://www.humantraffickinghotline.org/faqs/safety-planning-information\)\)](http://www.humantraffickinghotline.org/faqs/safety-planning-information)

Qajeelchi kun kan qophaa'e 2016-MU-MU-K153 jalatti Muummee Fayyaa Minesootain yoo ta'u, Biroo Saaxilantoota Yakkaa [Office for Victims of Crime], Biroo Sagantaa Haqaa [Office of Justice Programs], Muummee Haqaa U.S [U.S Department of Justice] irraa bahaasa argateera. Ilaalchawwanii fi yaadonni qajeelcha kan irratti caqofaman kan namoota gumaacha godhanii yoo ta'u dirqamatti yaada biirichaa yookin poolisiitawan Muummee Haqaa U.S [U.S Department of Justice] bakka hin bu'u.

